# سُورَةُ المُدَّثِّر
# Suuraa Muddathir

قبل كل شئ هذه هي سورة المدثر
*Dura dursoo suuran tun {suuratulmuddathir} je'amti

وهي مكية
*lsiin suuraa makkaati

---

وآياتها ( ٢٠ )
* Aayaanni isiidhaa shantamii jeha { 56 }

وترتيبها ( ٧٤ )
*Lakkooysi isi'ii torbaatamii afur {74}.

نزلت بعد سورة المزمل
*Isiin eega suuraa muzzammilii buute

بِسْمِ ٱللَّهِ ٱلرَّحْمَٰنِ ٱلرَّحِيمِ
*Jalqabni maqaa Rabbii rahgmata qabuutii .

يَٰٓأَيُّهَا ٱلْمُدَّثِّرُ ﴿١﴾
l}*Yaa ergamaa kiyya, kan hoggaa qur'aanni irratti bu'u ,qaamni diilallaayee huccuu , takkaa wayaa qabbanarraa uffatu, in-ni nabi muhammadii.

قُمْ فَأَنذِرْ ﴿٢﴾
2}*Ka'iitii orma kuffaaraa, qixaaxa ibiddaa kan yoo amanuu baatan isaan mudatuun, isaan sodaachisii,akka amanan isaan godhi ,aayanni shanan tun, aayata dura dursoo buutee isla arnatti nama yamu'utti ajajje, maalif aayaanni dura dursoo buutee, nabiyyummaa nabi Muhammad beysifte, aayata {iqra'} {إقرأ} hanga aayata , {maa lam yakglam {مالم يعلم} jettu gayutti, ammoo kan qur'aanarraa eegasii bu'ee, dalagaa nama qajeelchu'utti ka'i je'een {yaa ayyuhal muddathir { يا أيها المدثر { hanga {warrujzafahjur{والرجز فاهجر } gayutti, achirraa nabi muhammad islaamatti nama yaamuu, kuffaara makkaatin jalqabe, {anzhir} jechuun; ibiddaan isaan sodaachisi yoo amanuu baatane jechu'

وَرَبَّكَ فَكَبِّرْ ﴿٣﴾
3}*Rabbii kee waan isaan hin malle hundarraaguddisi.

وَثِيَابَكَ فَطَهِّرْ ﴿٤﴾
4}*huccuu tee waan najisa taye hundarraa qulqulleysi,waan akka fincaanii ,dhiigaa fa'arraa xahaarsi,takkaa ma'naan {wa hiyaabaka faxahhir} jechu'uu; huccuu tee dheeressitee lafarran harkisinii gabaabsi iechu',

وَٱلرُّجْزَ
*Waan Rabbii achitti kuffaarri ibaadu kan akka m ukaa takkaa namaa faa,

فَٱهۡجُرۡ ٥

5}*dhiisii irraa fagaadhu akkuma dur irraa fugaatuu turte.

وَلَا تَمۡنُن

*Waa hin kennin,

تَسۡتَكۡثِرُ ٦

6}*Waan kennite saniin waan sanirra guddo'oo namarraa argatu'uuf, jecha , waan,xiqqoo kennitee waan guddoo argatu'uuf, waa namaan kennin, takkaa waan namaa kennitu ,waan , guddo'otti .hin hisaabin,yookaa hin lakkaawin jechu'.

وَلِرَبِّكَ فَٱصۡبِرۡ ٧

7}*Rabbuma keetii je'ii obsa qabaadhu, takkaa obsi waan dalayduufii waan dhiiiu, ammallee balaa hundarratti obsi.

فَإِذَا نُقِرَ فِي ٱلنَّاقُورِ ٨

8} *Gaafa,yookaa guyyaa garriin lameysa'aa afuufamte.

فَذَٰلِكَ يَوۡمَئِذٖ

*Guyyaan sun,

يَوۡمٌ عَسِيرٌ ٩

9}*Guyyaa dubbiin jabaattee haalli hammaate.

عَلَى ٱلۡكَٰفِرِينَ غَيۡرُ يَسِيرٖ ١٠

10}*Guyyaa kaafirarratti dubbiin hin laafne, kan isa keessatti cinqii jabduu argan , eega jiraachifamanii akka duritti deeffamanii, waan addunya'arratti dalagan hundarraa gaafatamanu.

ذَرۡنِي وَمَنۡ خَلَقۡتُ وَحِيدٗا ١١

l1}*Yaa ergamaa kiyya Muhammad naafii naman kophaa isaa isa uurne.kan waa takkan qabne walitti dhiisi, nan qixaaxaa, araara hin barbaadiniifii.

وَجَعَلۡتُ لَهُۥ مَالٗا مَّمۡدُودٗا ١٢

12}*Kanan eeguman horii malee isa uumee , horii isaa kennee itti bal'ise, beylada'aafii midhaanifii.naggada isaa heddommeysee, walitti isaa dhaabee.

وَبَنِينَ شُهُودٗا ١٣

13}ammaIlee, ilmaan ,isaa heddommeysee kanneen bakka dhiiraa gayanii wal gaa hunda wajji dhufan, takkaa wajji dhabbatan, kan hoggurna takka biraa hin dhaamne.

وَمَهَّدتُّ لَهُۥ تَمۡهِيدٗا ١٤

14}*Kanin waa hunda keessatti isaaf, bal'ise,umrii,dheeressee,dureessa isa godhee

ثُمَّ يَطۡمَعُ أَنۡ أَزِيدَ ١٥

15}*Kan eegan akkatti wahayyuu isaaf ke-nnee, waan biraa isaaf kennuu, takkaa ida-'uu barbaadu, takkaa khajeelu.

كَلَّآۖ

*Lakkii hin kajeelin isaaf hin ida'uu, an nama qananii an isaa kennerratti galata naa galcheefan qananii biraa ida'a malee ,nama biraa kan akka isaa kanaa mitii,

إِنَّهُۥ كَانَ لِأٓيَٰتِنَا عَنِيدٗا ١٦

16}*lnni qur'aana keenya moromuu ture qeebaluu dideeti,inumaa dura dhaabbata ,waa moromuun waa sadiyirraa dhufti sadeen;

1 - If guddisuu .
2 - Haala, yookaa amala hammaatu'.
3 - Ayliin tuqamu',

Namni haqa didu haala sadeen kanarraa haala tokko qabaatuu hin oolu, yoo haala sadeenuu walitti hin qabatin.

سَأُرۡهِقُهُۥ صَعُودًا ١٧

17}*Nama qur'aana qeebaluu didu san azaaba Jabaa seenu'uttin isa dirqa, yookaa gidda {sa'urhiquhuu} jechuun; dirqa, yookaa gidda jechu',{sakguudan} jechuun; azaaba jabaa hin dand-ayamne jechu', takkaa {sakguudan} jechuun; dhagaa guddaa siidaa ibidda keessa jiru koru'utti giddamee,hoggaa waa argee kore ibiddatti irraa qaara, kan ammas deebi'ee koree kufu, akkanatti zalaalamii qixaaxa rna, namni ak-kanatti qixaaxamu kun, namicha tokko kan {waliid i1ma mughiira'aa} je'a-mu , kan matootii kuffaara makkarraa akkaan beekkamaa taye, namichi kun nama akkaan afaan arabaa beekhuu, qur'aanni kun waan maraatan namni aylii hin qabne je'u je'uun isa dhibde, waan qur'aanni dubbii bareedduu, gatii guddoo qabu tayeef, ammas qur'aanni kun waan warri raaga laalu je'u je-chuun isa dhibde, akkasuma waan wallisaan je'u jechuun isa dhibde, waan inni waan jarri kun je'u hundarraa ol tayeef waan qur'aanni kun waan namni arabaa kan afaan arabaa akkaan beekhu fiduu hin dandeenye tayeef jecha.

إِنَّهُۥ فَكَّرَ

*Duuba namichi{waliid}je'amu sun maa-luman qur'aana kanaan je'ee arrabsa je'e-eti yaadee, yaadee if keessa deddeebisee,

وَقَدَّرَ ١٨

18}*Waan je'u muratee likkeessee.

فَقُتِلَ

*duuba azzabame addunya'arratti,

كَيْفَ قَدَّرَ ﴿١٩﴾

19}* Akkuma fedhettuu, waan qur'aanan je'uu mure, haa muruu haa je'uu.

ثُمَّ قُتِلَ كَيْفَ قَدَّرَ ﴿٢٠﴾

20}*Namichi sun aakhira'attis waanuma, muree qur'aanan je'urratti qixaaxama

ثُمَّ نَظَرَ ﴿٢١﴾

21}Namichi sun eega waan qur'aanan je'u muratee, gara'atti qabatee, warra isa maddii taa'u laalee takkaa waan je'uudhaa deemu, akkaan gad qabee laalee.

ثُمَّ عَبَسَ

*Eegasii akka namni bala'aa deemu fuula bututti fuula butee,

وَبَسَرَ ﴿٢٢﴾

22}* Ammallee fuula butuu itti jabeessee ,fuula if gurraachumsee.

ثُمَّ أَدْبَرَ

*Eeguma qur'aanni haqa tayuu argee arnanu'urraa gara galee,

وَاسْتَكْبَرَ ﴿٢٣﴾

23}*Kharaa nabi Muhammad itti isa yaamu deemu'urraa if guddisee.

فَقَالَ

*Wanni je'e,

إِنْ هَٰذَا إِلَّا سِحْرٌ يُؤْثَرُ ﴿٢٤﴾

24}*Wanni ,Muhammad dhufeen kun falfala yookaa sihrii namarraa barate malee, waan biraatii miti.

إِنْ هَٰذَا إِلَّا قَوْلُ الْبَشَرِ ﴿٢٥﴾

25}*Qur'aanni,kun waan namni je'u malee waan Rabbiin buusee miti, je'e namichi kun odoo Rabbiin mee yoo qur'aanni waan namni je'uu dandayu taye, isin nama arabaatii, inni afa an arabaatii kan akka isaa fidaa,yoo hunda isaa dadhabdanillee garii isaa odoo aayata khudhanillee taatee fidaa je'eenii, fiduu dadhabanii, jiranuu, namichi sun moroma'aa jecha qur'aanni waan namni je'u je'a, duuba Rabbiin akki je'e.

سَأُصْلِيهِ سَقَرَ ﴿٢٦﴾

26}*Namicha akkasje'u san, ibidda jahannam kan {saqar} je'amun seensisa.

وَمَا أَدْرَاكَ مَا سَقَرُ ﴿٢٧﴾

27}*Waan ibiddi{saqar}taye maaltu si beysise?

لَا تُبْقِي وَلَا تَذَرُ ﴿٢٨﴾

28}*Nuutu si beysisaa ,ibiddi sun hoggaa nama gubu foonifii, moorgaya lafe'erratti hin dhiisu,kan hoggaa irraa fixe mara, deebi'ee mayru.

لَوَّاحَةٌ لِّلْبَشَرِ ﴿٢٩﴾

29}*Ibiddi sun coraa namaati gubee arraaba.

عَلَيْهَا تِسْعَةَ عَشَرَ ﴿٣٠﴾

30}Ibiddajahannam san, namni dubbiin isaa harka jirtu kanneen irra dhaabbatanii dalaysiisan matoota malaayka'aa kudha sagali, kan hundi isaanii kuma meeqaatam ifjalaa qabu. Namichi kaafiraa tokko orma kuffaaratiin akki je'e; orma ibidda eegu malaaykaa khudha saylan sanirraa, khudha torba anaatu isinirraa mala itti dhawaa, isin lama qofa dandayaa je'een. inni nama akkaan jabeenya qabuu, duuba Rabbiin akki je'e.

وَمَا جَعَلْنَا أَصْحَابَ النَّارِ إِلَّا مَلَائِكَةً

*warra ,ibiddaa,malaaykaa malee nama biraa hin goone,duuba malaaykan warra namni dandayuu mitii akkas hin seyinaa jechu', ammas ormi kuffaaraa gariin maalif Rabbiin malaaykaa ibidda keessa dalaydu, nama kudha sagal qofa godhe? jennaan Rabbiin akki je'e,

وَمَا جَعَلْنَا عِدَّتَهُمْ إِلَّا فِتْنَةً لِّلَّذِينَ كَفَرُوا

*Wanni lakkooysa warra ibiddaa, khudha sagal gooneef , warra Rabbitti kafare mokkoru'uufi, yoo dhugo'oomsuu baatan kufrii ida'atanii, ammon yoo khijibsiisuu baatanii dhugo'oomsanii, ama nan jannata seenan jecha'aafi, haa tayuu ormi kuffaaraa dhugo'oomsanii hin amannee, maalif lakkooysa kanarra ida'uu oole? akkamitti mala aykan hangi kun ,waan namaafii jinni'irraa qixaaxamu qixaaxuu dandaya je'anii, qishnaa godhanii jallina ida'atan,

لِيَسْتَيْقِنَ الَّذِينَ أُوتُوا الْكِتَابَ

*Wanni,lakkooysa isaanii hangas,goonef akka yahuudan akka nabi Muhammad ergamaa Rabbii taye hubattu'uufi ,waan malaaykan azaabaa khudha sagali jechuun , kitaaba isaanii tawraat keessa jiruuf,

وَيَزْدَادَ الَّذِينَ آمَنُوا إِيمَانًا

*Akka.warri isaanirraa amane iimaanni, isaaf ida'arnuufi, waan dubbiin qur'aanni dubbate tun, kitaaba isaanii keessa jirtuuf jecha,

وَلَا يَرْتَابَ الَّذِينَ أُوتُوا الْكِتَابَ

*ammallee ,akka ,ormi ,nasaara'aa ,akka , nabi ,muhammad ergamaa Rabbii taye hin shakkine'eefi

وَٱلۡمُؤۡمِنُونَ
*Ammallee akka warri mumina kan nasaaraa malee jiru,akka nabi Muhammad ergamaa Rabbii taye hin shakkine'eefi, dubbiin tun kitaaba Rabbiin buuse hunda keessa jirtii hubatanii, iimaana ida'ataniifi,

وَلِيَقُولَ ٱلَّذِينَ فِي قُلُوبِهِم مَّرَضٌ
* Ammallee akka warri qalbii isaanii keessa dhukkubni nifaaqaa jiru, munaafiqa madiina'arraa je'uufi,

وَٱلۡكَٰفِرُونَ
*Ammallee Akka ormi kaafiraa kan makkaa je'uufi, takkaa gaafatu'uufi,

مَاذَآ أَرَادَ ٱللَّهُ بِهَٰذَا مَثَلٗاۚ
*Maali wanni Rabbiin lakkooysa malaayka'aa kudha seylan kana dubbatu'utti fedhe, sun waan aylii teenya seenuu mitii? maalif Rabbiin Iakkooysa san dubbate je'anii, duuba Rabbiin akki je'e,

كَذَٰلِكَ
*Rabbiin akkuma warra waan inni je'u didu jallisee, warra waan inni je'u hunda dhugo'oomsu qajeelchetti,

يُضِلُّ ٱللَّهُ مَن يَشَآءُ وَيَهۡدِي مَن يَشَآءُۚ
*Nama fedhe jallisee, kan fedhe qajeelchaa, namni maa kana goote, takkaa dalayde je'ee isa gaafatu hin jiru,

وَمَا يَعۡلَمُ جُنُودَ رَبِّكَ إِلَّا هُوَۚ
* Jundii Rabbii keetii, malaaykaa isaatifii

---

humna isaanii.arnrnallee warra isaanin wajji dalagu,namni hanganaa beekhuu dandayu hin jiru,yoo Rabbii tokkicha taate malee, tanaaf jecha malaaykaa khudha saylan san dubbatuun, jundii Rabbiititu hangasi jechu'uufii miti,

وَمَا هِيَ إِلَّا ذِكۡرَىٰ لِلۡبَشَرِ ٣١
31}*Ibiddi, azaabaa, kan dubbanne sun waan biraatii mitii.gorsa, qajeelaniif dubbanne

كَلَّا وَٱلۡقَمَرِ ٣٢
32}*Dhagayaaj i'aan, isinii kakadhee namaati, akka isa sodaatanii

وَٱلَّيۡلِ إِذۡ أَدۡبَرَ ٣٣
33}* Ammallee .halkan, guyyaa , boodan dhufuun khakhadhee.yoo {izhaa adbara {إذا أدبر } jennee qaraane, takkaa halkan dhufee dabreen isinii khakhadhee,yoo {izh adbara إذ أدبر jenne qaraane

| | |
|---|---|
| **34}***Ammallee ganama hoggaa inni ba-yee ifeen isinii khakhadhee. | وَٱلصُّبۡحِ إِذَآ أَسۡفَرَ ﴿٣٤﴾ |
| *Ibiddi jahannarn, takkaa {saqar} kan warri Rabbitti kafare itti gubatu sun, | إِنَّهَا |
| 35}*Balaa gurguddo'orraayi tokko. | لَإِحۡدَى ٱلۡكُبَرِ ﴿٣٥﴾ |
| 36}*Balaa irraa nama sodaachifuurraa, kan taate. | نَذِيرٗا لِّلۡبَشَرِ ﴿٣٦﴾ |
| *Nama isinirraa jannatatti dabruu fedheef, waan gaarii dalagee durfatee, | لِمَن شَآءَ مِنكُمۡ أَن يَتَقَدَّمَ |
| 37}*Takkaa .nama.isinirraa ibiddatti boo-da aanuu fedheef Rabbitti kafaree, waan hamtuu dalagee | أَوۡ يَتَأَخَّرَ ﴿٣٧﴾ |
| 38}*Lubbuun ,hundi,waan, harntuu ,dala-ydeef. qabamtee qixaaxamti, yoo kaafira taate zalaalarnii | كُلُّ نَفۡسِۭ بِمَا كَسَبَتۡ رَهِينَةٌ ﴿٣٨﴾ |
| 39}*Warra mirgaa malee, isaan warra Rabbitti amanee isaan hangurna dilii, yo-okaa balleessaa isaaniti gubatanii, zalaala-mii qixaaxamu'urraa nagaya bayanii | إِلَّآ أَصۡحَٰبَ ٱلۡيَمِينِ ﴿٣٩﴾ |
| 40}*Isaan jannata seenaniiti , jannata kee-ssatti wal gaggaafatan. | فِي جَنَّٰتٖ يَتَسَآءَلُونَ ﴿٤٠﴾ |
| 41}*Haala kuffaararraa wal gaafatan ,tak-kaa kuffaara gaafatan. | عَنِ ٱلۡمُجۡرِمِينَ ﴿٤١﴾ |
| 42}*Maali wanni isin balleessitan, kan ibidda jahannam isin seensise, je'anii orma kuffaaraa gaafatan, | مَا سَلَكَكُمۡ فِي سَقَرَ ﴿٤٢﴾ |
| 43}*Gaafannaan,wanni deebisaniif; wan-ni azaaba jahannam seennef nuutu warra salaaturraa hin tayini, amannee hin sala-anne jechu'. | قَالُواْ لَمۡ نَكُ مِنَ ٱلۡمُصَلِّينَ ﴿٤٣﴾ |
| 44}*Ammas wanni ibiddajahannam nu seensise nuutu warra hiyyeessa beelayaa nyaachisu, kan haajamaa haajaa baasu hin turini. | وَلَمۡ نَكُ نُطۡعِمُ ٱلۡمِسۡكِينَ ﴿٤٤﴾ |

وَكُنَّا نَخُوضُ مَعَ ٱلۡخَآئِضِينَ ٤٥

45}*Ammas nuutu,warra waan hamtu'utti, seenee waan,hamtu'uun qur'aana dubbatuun wajji, waan isaan dalagan dalaguuturre.

وَكُنَّا نُكَذِّبُ بِيَوۡمِ ٱلدِّينِ ٤٦

46}Ammas nuti, guyyaan qiyaama'aa hin dhufu jenneeti, nama ni dhufa nuun je'u kijibsiisuu turre.

حَتَّىٰٓ أَتَىٰنَا ٱلۡيَقِينُ ٤٧

47}*Hanga duuti nutti dhuftee ijaan garretti.

فَمَا تَنفَعُهُمۡ شَفَٰعَةُ ٱلشَّٰفِعِينَ ٤٨

**48}***Duuba warra kufri'irratti du' e san araarri warra araara Rabbirra namaaf barbaaduu isaan hin fayyaddu, araarri anbiya'aa, kan malaayka'aa ,kan warra Rabbiif tolee, Rabbirraa dhiifama isaanii barbaadun isaanii hin toltu, azaaba Rabbii jalaa isaan hin baaftu, shafaa'aa hin argatan jechu'.

فَمَا لَهُمۡ عَنِ ٱلتَّذۡكِرَةِ مُعۡرِضِينَ ٤٩

**49}***Maali wanni argatan, kan isaa je`anii waan, Rabbiin,itti gorserraa gara galaniif ? Gorsa isaan Rabbii ka narraa gara galuu keessa, faaydaa maaltu isaanifjira, faaydaa takka sanirraa hin argatan jechu', faaydan gorsa Rabbii qabatuu keessa isaanif jirtii, haa tayuu karaa Rabbii qeebaluu didaniiti, islaamarraa gara galan, takkaa irraa ori'an.

كَأَنَّهُمۡ حُمُرٞ مُّسۡتَنفِرَةٞ ٥٠

50}*Isaan akka { harre diidoo} gugattutti, islaamarraa gugatan.

فَرَّتۡ مِن قَسۡوَرَةِۭ ٥١

51}*Akka harrediidoo leenca dheefaf gugattutti, nama islaamatti isaan yamurraa gugatan, haalli isaanii akka haala harrediido'oo tan leencarraa, takkaa nama isii ajjeesu'uu deemurraa dheysituuti

بَلۡ يُرِيدُ كُلُّ ٱمۡرِيٕٖ مِّنۡهُمۡ

*Ormi kuffaaraa hundi isaanii, wanni fedhu

أَن يُؤۡتَىٰ صُحُفٗا مُّنَشَّرَةٗ ٥٢

52}*Adda addaan kitaaba muhammaditti amanaa je'u, kan hogguma san katabame Rabbirraa argatu'.

كَلَّاۖ بَل لَّا يَخَافُونَ ٱلۡأٓخِرَةَ ٥٣

53}*Lakkii jarri ,sun ,azaaba ,akhira'aa hin sodaau.

كَلَّآ إِنَّهُۥ *Dhagayaa qur'aanni kun,

تَذۡكِرَةٞ ٥٤ 54}*Gorsa waan kheyri'itti nama kaasee, sharrii yookaa hamtu'urraa nama dhoowwu

فَمَن شَآءَ ذَكَرَهُۥ ٥٥ 55}*Duuba namni toltuu ifiin fedhe qur'aana kana qara'eeti itti dalaga.

وَمَا يَذۡكُرُونَ إِلَّآ أَن يَشَآءَ ٱللَّهُۚ *Nam tokkolleen yoo Rabbiin fedhe malee qur'aana kana qara'ee itti amanuu hin dandayu, nama Rabbiin qajeelche namni jallisu hin jiru, akkuma nama Rabbiin jallise, namni qajeelchu hin jirre , maalifwaa takkalleen fedhii Rabbii maleen taatuu,

هُوَ أَهۡلُ ٱلتَّقۡوَىٰ *Rabbuma tokkicha kan isa sodaatuu haqa godhatu,

وَأَهۡلُ ٱلۡمَغۡفِرَةِ ٥٦ 56}*Ammallee isuma kan nama isa sodaatuf araaramu.